WALDAA KIRISTIYAANAA DHUGAA FI WALDAA SOBAA

(THE TRUE AND THE FALSE CHURCH)

Yommuu kitaaba qulqulluu qo'annu **dubartootni waldaa Kiristiyaanaa** agarsiisudhaaf mallattoo yookiin gosa raajitti Waaqayyo akka itti gargaarame ni argina.

Waldaan Kiristiyaanaa dhugaa akkuma jirtu **Waldaan sobaas** ni jirti.

WALDAA KIRISTIYAANAA DHUGGA

Waaqayyo **Waldaa isaa misirroo inni fuudhuuf yaadu wajjiin** akka walfakkeessu ni argina.

Efesoon 5:23-32 "**Kristoos mataa waldaa Kiristiyaanaa** akkuma ta'e, abbaan manaas mataa haadha manaa ti; Kiristoos fayyisaa waldaa Kiristiyaanaa ti; waldaan immoo dhagna isaa ti. Waldaan Kiristiyaanaa harka Kiristoos jala akkuma of galchitu, haati manaas waan hundumaatti harka abbaa manaa isheetii jala of haa galchitu. **Kiristoos akkuma waldaa Kiristiyaanaa jaallate**, waldaadhaafis dabarsee of kenne, akkasuma abbaan manaas haadha manaa isaa haa jaallatu! Waldaan Kiristiyaanaa Waaqayyo biratti fudhatamtuu akka taatutti, Kiristoos karaa dubbii isaatii bishaaniin dhiquudhaan ishee in qulleessa. Waldaas xurii fi dirmammuun, wanti kana fakkaatus utuu irratti hin argamin fudhatamtuu mudaa hin qabne godhee, ulfinaan of dura ishee dhaabuuf jira. Akkasuma immoo abbaan manaa akkuma dhagna ofii isaa jaallatutti, haadha manaa isaa jallachuun in ta'aaf; namni haadha manaa isaa jallatu ofii isaa in jaallata. Namni foon isaa in soora, in dhimmaaf malee, takkaa foon isaa jibbee hin beeku; Kiristoosis waldaadhaaf akkasuma godhe. Nuyi bu'aa dhagna Kiristoos. Caaffanni qulqullaa'aan, 'Sababii kanaaf dhiirri abbaa isaa fi haadha isaa in dhiisa, haadha manaa isaattis in maxxana; isaan lachanuus foon tokko in ta'u' in jedha. Dubbiin kun dhoksaa gadi fagoo of keessaa qaba; inni waa'ee **Kiristoosii fi waa'ee waldaa Kiristiyaanaa** in dubbata jechuu koo ti."

Dubartiin kun, misirroon isaa yeroo hundumaa akka **durba (qulqulluutti**), akka xurii hin qabnee, godaannisa yookiin mudaa hin qabneetti mul'atti. **Dubbii Waaqayyootiin qulqullooftee**

Caaffatni qulqulla'oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'amuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

dhiqamteetti. Efesoon 5:26 “Waldaan Kiristiyaanaa Waaqayyoon biratti fudhatamtuu akka taatutti, Kiristoos **karaa dubbii isaatii bishaaniin dhiquudhaan ishee in qulleessa**.” Kunis kan ta’e **uffata qulqulluu quncee talbaa akka** uffattuuf. Mul’ata Yohaannis 19:7-8 “Kottaa in gammannaa, in ililchinaas! Maqaa isaas in guddifnaa! Guyyaan gaa’ela hoolichaa ga’eera, misirroon isaas isaaf of qopheessiteetti! **Uffata quncee talbaa irraa hojjetame, calaqqisaa fi qullaa’aa uffachuun isheedhaaf kennameera’** jedhe; **uffanni quncee talbaa sunis hojii warra Waaqayyoof qulqullaa’anii isa qajeelaa** dha.”

Waldaan Kiristiyaanaa dhugaa, Misirroon Kiristoos caaffata guutuu keessatti agarsiifamteetti.

WALDAA KIRISTIYAANAA SOBAA

Waldaan sobaas caaffata guutuu keessatti akka **dubartii ejjituutt**i agarsiifamte. Keessattuu guutummaadhaan Mul’ata Yohaannis 17:1-18 keessatti argisiifamtee ni argina. Lakk. 1-6 “Kana booddee ergamoota torban waciitii torba qaban sana keessaa inni tokko dhufee anatti dubbatee, ‘kottu, **firdii ejjituu ishee guddittii, mandara bishaanota baay’ee irratti ijaaramte sana**, sitti nan argisiisaa. Mootonni biyya lafaa kanaa **ishee wajjin ejjaniiru**, daadhii waynii halalummaa isheetiinis warri lafa irra jiraatan machaa’aniiru’ jedhe. Hafuuraanis ol na fuudhee gara lafa onaatti na geesse; achittis **dubartii bineensa bildiimaa** tokko irra teessu nan arge. Maqaan ulfinaa, Waaqayyoon arrabsuudhaaf keennaman isa irra guutanii turan; innis **mataa torbaa fi gaanfa kudhan** qaba ture. **Dubartittiin uffata dhiilgee, diimaa biluus uffattee, warqee, dhagaa fi callee gati-jabeeyyii naqattee, kubbaayyaa warqee wanta ciigaasisaadhaa fi xuraa’ummaa halalummaa isheetiin guute**, harkatti qabattee turte. Maqaan dhokataan, ‘Baabiloon guddittii, **haadha ejjitootaa fi wanta ciigaasisaa biyya lafaa**’ jedhu tokko immoo adda isheetti caafamee ture. Akkasumas dubartittiin dhiiga warra Waaqayyoof qulqullaa’aniitiin, dhiiga warra Yesuusiif dhugaa isaaniitiif ajjeefamaniitiinis machooftee nan arge; yeroon ishee arges guddisee nan dinqisiifadhe.”

LUBICHA ANGAFAAF HAATI MANAA NI FILATAMTI

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Macaafa **Lewwootaa** keessatti **luba angafaa keenya Yesuus** wajjin kan walfakkaatu waa'ee lubicha angafaa dubbifna. **Filannoo haadha manaa** ilaalchisee Waaqayyo luba angafaa uumamaatiif qajeelcha kenna.

Seera Lewwootaa 21:10 "**Lubichi inni obboloota isaa gidduutti angafa ta'e**, **inni mataa isaa irratti dibanni dhadhaa ejersaa nam'e**, uffata lubaa uffachuudhaaf inni addaan baafame sun marata ofittii baasee rifeensa mataa isaa gad hin dhiisin! Uffata isaas hin tarsaasin!"

Lubichi angafaa **haadha manaa qomoo isaa gidduudhaa akka fuudhu** abboomame. Seera Lewwootaa 21:13-14 "'Niitii yeroo fuudhus **durba haa fuudhu! Inni qomoo isaa keessaa durba haa fuudhu malee, dubartii abbaan manaa irraa du'e, kan abbaa manaa ishee hiikte, kan xureeffamte, ejjituus hin fuudhin!**"

Yesuus seericha raawwachuudhaaf dhufe**.** Maatewos 5:17 "**Seeraa fi barsiisa raajotaa diigudhaaf waanan dhufe hin se'inaa, ani isaan raawwachuudhaafan dhufe malee**, **diiguudhaaf hin dhufne**."

Yesuus, lubichi angafaa, niitii qomoo isaa, waldaa Kiristiyaanaa, keessaa fudhata.

Namoonni **fayyina argatan (lammaffaa dhalatan, durboota hafuuraa qulqulluu)**, **akka durba qarreetti (virgin) Kiristoosiif kaadhimamaniiru**; haa ta'u iyyuu malee, **kanneen maqaa isaatiin waamaman, kanneen qulqullaa'an**, **kanneen mootichi itti gammade qofaatu Misirroo Kiristoos keessatti argamu**.

2 Qorontos 11:2 "Ani akka durba amanamtuutti Kiristoos **abbaa manaa tokkichatti isin heerumsiifachuudhaaf, isin kaadhimachiisee waanan tureef**, akkuma Waaqayyo hinaafu, anis isiniif nan hinaafa." **Durba amanamtuu** jechuun, qulqulluu, gaarii, kan of qusattu, wanta seera hin taane yookiin walquunamtii saalaa irraa kan of to'atte jechuudha.

DUBARTII SOBAA

Caaffatni qulqulla'oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Waldaan Kiristiyaanaa sobaa akka **dubartoota torban** Isaayaas 4:1 keessa jiraniitti ni agarsiifamu “Yeroo sanatti **dubartoonni torba dhiira tokko qabatanii**, ‘nuyi **buddeen ofii qabnu** in nyaanna, **uffata ofii qabnus in uffanna**, arrabsamuun [heeruma dhabuun] keenya akka hafutti maqaa keetiin akka waamamnu duwwaa nuuf godhi’ in jedhuun.”

Torba lakkoofsa guutummaa, raawwatamuu, fi kan bara dhumaati. Dubartoonni, waldaaleen, torban kunniin dhiira tokko qabatu; dhiirri sunis Kiristoosi; garuu buddeena ofii isaanii akka nyaatan itti himu, barsiisa Kiristoos utuu hin ta’in **barsiisa mataa isaanii hordofu**. Uffata ofii isaanii ni uffatu. Isaan warra qajeelummaa Waaqayyoo utuu hin ta’in **qajeelummaa ofii isaanitti amanani dha**. Uffata fayyinaa yookiin qajeelummaa Waaqayyoo uffachuu hin barbaadan. **Maqaa isaatiin waamamuu qofa barbaadan**; **Garuu kristiyaanota dhugaa miti**.

Dubartittiin kun, waldaan sobaa kun, ishee sobduu fi ajjeeftuudha.

Garaan waldaa dhugaa fi garaan waldaa sobaa 1 Mootota 3:16-27 keessatti haalumaan agarsiifamaniiru “Gaaf tokko **dubartoonni ejjitoonni lama** gara Solomoon mootichaa dhufanii fuula isaa dura in dhaabatan. Isaan lamaan keessaa **isheen tokko mootichaan**, ‘yaa gooftaa ko, ani fi dubartiin kun mana tokko keessa jiraanna; utuma walii wajjin jirruu ani mucaa dhiiraa nan da’e. Mucaan koo dhalatee gaafa guyyaa sadaffaa dubartiin kunis immoo in deesse; manicha keessa nuyi lamaan malee namni kan biraa hin turre. Dubartiin kun hirriba keessa mucaa ishee irra waan ciifteef, mucichi ishee duraa in du’e. Ani garbittiin kee hirriba keessa utuun jiruu, **dubartiin kun halkan walakkaa kaatee** mucaa koo ana bukkeetii fudhattee, iddoo ishee ciibsitee, mucaa ishee isa du’e immoo fiddee garaa koo jala in keesse. Ganama dammaqee mucaa koo harma hoosisuudhaaf yommuun jettu, mucichi du’aa ta’uu isaa nan arge; erga ifees hubadhee ilaaleen akka inni mucaa koo hin taa’in bare’ jette. **Dubartiin isheen kaan immoo deebiftee**, ‘Lakkii, mucaan inni fayyaan kan kooti, inni du’aan immoo kan kee ti!’ jette; dubartiin isheen jalqaba waa’ee mucichaa dubbatte immoo cimsitee, ‘lakkii, mucaan inni du’aan kan kee ti, inni fayyaan immoo kan koo ti!’

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

jette; akkasitti dubartoonni kun fuula mootichaa duratti walitti in falman. **Kana irratti Solomoon mootichi, 'Isheen kun, 'Mucaan koo isa fayyaa dha, kan kee immoo isa du'aa dha' jetti; isheen sunis, 'Mucaan koo isa fayyaa dha, kan kee immoo isa du'aa dha' jetti waan ta'eef, egaa, billaa anaaf fidaa!'** jedhe; achumaanis billaa in fidan. **Mootichi itti fufee, 'Mucaa isa fayyaa iddoo lamatti gargar baqaqsaatii walakkaa gar tokkoo ishee kanaaf, walakkaa gar tokkoo immoo ishee sanaaf kennaa**!' jedhee in abboome. **Yommus durbartiin isheen mucaan ishee fayyaa jiru sun naatee mar'umaan ishee waan raafameef, mootichaan, 'yaa gooftaa ko, mucicha isa fayyaa kana isheedhaaf kenni malee, adaraa hin ajjeesin!' jette**; isheen kaan garuu, 'Mucichi anaafis, siifis akka hin taanetti **iddoo lamatti gargar haa baqaqfamu**!' jette. Mootichi immoo deebisee, 'dubartiin isheen jalqabaa waa'ee mucichaa dubbatte dhuguma haadha isaa waan taateef, mucaa isa fayyaa kana isheedhaaf kennaa malee, hin ajjeesinaa!' jedhe."

Billichi garaa waldaa sobaa fi garaa waldaa dhugaa ni agarsiise. Akkuma Ibroota 4:12 keessatti mul'atutti **billaan mallattoo dubbii Waaqayyooti** "**Dubbiin Waaqayooo** jiraataa dha, humna hojjetus of keessaa qaba [hojjetaa, humna qabeessa, fi bu'aa buusuu kan danda'u], **billaa gar lamaan qarame caalaa qara qaba**; inni lubbuu fi hafuura, buusaa fi dhuka gargar in baasa, yaadaa fi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf in danda'a."

Dubartiin dhugaa jaalalaan guutamte; **dubartiin sobaa** garuu **hattuu, wallaalchiftuu, sobduu fi ajjeesuudhaaf** kan qophoofte dha.

Kunis kan ta'e yoomi? 1 Mootota 3:20 "Ani garbittiin kee hirriba keessa utuun jiruu, dubartiin kun **halkan walakkaa** kaatee mucaa koo ana bukkeetii fudhattee, iddoo ishee ciibsitee, mucaa ishee isa du'e immoo fiddee garaa koo jala in keesse." **Halkan walakkaatti** yeroo Kiristoos deebi'ee dhufu ta'a.

Caaffata guutuu keessatti halkan walakkaatti waa baay'eetu ta'e. (Irra caalaa hubannaa argachuudhaaf qayyabannaa macaafa Qulqulluu matadureé – Saa'atii halkan walakkaa jedhu ilaalaa.)

YEROO CIDHICHAA

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Heerumni Hoolichaa kan ta’u **halkan walakkaatti**.

Aadaa cidha Yihuudotaa ilaalchisee irra caalaa hubannoo kennuudhaaf jechi armaan gadi jiru **Hiikaan jechootaa Macaafa Qulqulluu Weestminister (Westminister Bible Dictionary**) jedhamu irratti caqafameera.

Fuudhaafi heeruma (Marriage)

Dargaggeessa tokkoof niitii filachuun hojii firoottan keessattuu abbaa isaati; al tokko tokko garuu gurbichi fedhii isaa beeksiisuu ni danda’a, abbaan isaas waliigalteedhaaf marii geggeessa. Yeroo kaadhimachuu irraa ka’ee hamma guyyaa cidhaatti walquunnamtiin garee lamaan gidduutti ta’u hundi kan geggeeffamu kaayyoo kanaaf jecha nama filatamee fi hiriyaa dhirsichaa kan ta’eeni. Fuudhaa fi heerumni kun walumaa galatti tajaajila seera amantii kan hin dabalanne waa’ee qeyee keessaati, yoo akka tasaa kaadhimamtuun kakuudhaan mirkaneeffamte malee.

Gaafa guyyaan cidhaaf filatame ga’u, misirrottiin dhagna ishee ni dhiqatti, uffata adii uffatti, sirriitti miidhagdi, faayan guutamtee, uffata misirroo gatii guddaa qabu hanga mudhii ishee ga’u uffachuudhaan, fuula ishee haguuggattee ababoo mataa isheetti suuqqatti. Dhirsis uffata isaa gaarii uffatee, rifeensa mataa isaa bareechatee(miidhegfatee) abaaboo suuqqachuudhaan mana isaatii ba’ee hiriyoota isaa, namoota muuziqaa taphatanii fi sirbitootaan waaleffamee(marfamee) gara mana warra misirrootti qajeela. Adeemisichi halkan yoo ta’e immoo, nama ibsaa qabuun geggeeffama.

Misirrottii akkuma sirriitti golgamtetti eebbisaa warra ishee fi hawwii gaarii hiriyoota isheetirraa argachuun erga fudhatee booda tuutni cidhichaa akkuma jirutti gara mana isaatti yookiin gara mana abbaa isaatti weeddisaa, sirbaa deebi’u. Yommuu deebi’an miinzee (maidens) fi hiriyoota misirroo fi dhirsaatiin waaleffamu, Mana dhirsichaa yookiin warra isaatti nyaanni fi dhugaatiin ni qophaa’a.

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

Maatewos 25:1-13 “Yesuus yommus, ‘Mootummaan waaqaa **durboota kurnan warra ibsaa** isaanii fudhatanii, **dhirsa misirroo simuudhaaf ba’an** fakkaata. Durboota san keessaa **shan gowwoota turan, shan immoo abshaalota** turan. Warri **gowwoonni ibsaa isaanii** fudhatan malee cuunfaa ejersaa isa ibsaatti naqan hin fudhanne. **Warri abshaalonni ibsaa isaanii wajjin cuunfaa ejersaa qodaatti fudhatan**. Dhirsi misirroo galuu turraan **hundumti isaanii muganii rafan. Halkan walakkaa** immoo sagalee guddisee, ‘**Dhirsi misirroo kunoo ti! Isa simuudhaaf ba’aa!**’ jedhutu dhaga’ame. **Yommus durboonni sun hundinuu ka’anii ibsaa isaanii tottolfatan**. Warri gowwoonni warra abshaalotaan, **‘Ibsaan keenya dhamuuf jedha**, cuunfaa ejersaa keessan irraa waa nuuf kennaa!’ ittiin jedhan. Warri abshaalonni garuu deebisanii, **‘Warra gurguran bira dhaqaatii bitadhaa malee,** innoo nuufis isiniifis hin ga’au’ jedhaniin. **Yeroo isaan bitachuu dhaqanittis dhirsi misirroo in dhufe; warri qophaa’an isaa wajjin mana cidhichaatti ol galan, balballis in cufame**. Durboota sana keessaa warri hafan immoo booddee dhufanii, ‘Yaa gooftaa, yaa gooftaa nuuf bani!’ jedhaniin. Inni immoo deebisee, **‘Dhuguman isiniin jedhaa, ani isin hin beeku’** jedheen. Egaa, guyyicha, yerichas hin beektaniitii **dammaqaa**!’ jedhe.

Kuni yoom akkas ta’e? **Halkan walakkaatti**.

MISIRROO KIRISTOOS – YIHUUDII FI WARRA YIHUUDII HIN TA’IN

Caaffatoota keessatti misirroon Kiristoos **bifa Asteer fi Ruutiinis** ni mul’atti. Misirroon Kiristoos warra **Yihuudii ta’anii** (Asteer) **fi warra Yihuudii** hin taane (Ruut) irraa uumamti.

Misirroon Kiristoos mul’ata Yesuus Kiristoos arguudhaaf ni hawwiti; of qopheessitis. Mul’ata Yohaannis 19:7 “Kottaaa in gammannaa, in ililchinas! Maqaa isaas in guddifnaa! **Guyyaan gaa’ela hoolichaa** ga’eera, **misirroon isaas isaaf of qopheessiteetti**.”

Faarfannaa 45:13-15 “**Intalli mootii uffata warqeedhaan kuulame uffattee, ulfinaan diinqa ishee jirti; uffata ishee isa kuula baay’ee qabuun gara mootichaatti in geeffamti**,

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

durboonni ishee geggeessanis ishee wajjin gara isaa in dhaqu; yommus isaan gammachuu fi ililleedhaan geggeeffamanii, mana mootichaatti ol in galu.”

KEESSUMMOOTA CIDHAA - WARRI WAAMAMAN BAAY’EEDHA, WARRI FO’AMAN MURAASA

Maatewos 22:1-14 “Yesuus ammoo fakkeenyaan namootatti dubbate; ‘Mootummaan waaqayyoo **mootii ilma isaatiif cidha godhetti** fakkeefama. **Mootichi warra cidhichatti waamamanii turan haa yaadachiisaniif jojjetoota isaa erge; isaan garuu dhufuu hin jaallanne**. Amma immoo hojjetoota kan biraa ergee, ‘Warra waamaman sanaan, **kunoo, nyaanni qophaa’eera, sangoonni, horiin coccoomoon qalamaniiru, hundinuus qophaa’aa dha, gara cidhaatti kottaa jedhaatii itti himaa**!’ jedhe. **Warri waamaman garuu tuffatanii, inni tokko gara qotiisa isaa, inni kaanis gara bittaa gurgurtaa isaa dhaqe. Warri kaan immoo hojjetoota mootichaa qabanii, salphisanii, ajjeesanis**. Mootichi yommus baay’ee aaree, loltoota isaa itti ergee, warra hojjetaa isaa ajjeesan sana balleesse, mandara isaanii gube. Ergasii hojjetoota isaatiin, **‘Cidhichi qophaa’aa dha, warri waamaman garuu cidhichaaf hin malle**. **Gara karaa mandaraatti galchu dhaqaa, namuma argattanis gara cidhichaatti waamaa!’** jedhe. Yommus hojjetoonni sun gara karaa gurguddaatti ba’anii, kan argatan hundumaa, warra hamootas warra gaggaariis dachaasan, **manni cidhichaas keessummootaan guute**. Kana booddee mootichi keessummoota isaa ilaaludhaaf ol galee, **nama uffata cidhaa hin uffatin tokko arge**. Namichaan immoo, ‘Namicho! Uffata cidhaa malee attamitti asitti ol lixxe?’ jedhe; namichis waan dubbatu dhabe. Yommus mootichi warra achi keessaa ergamaniin, ‘Harka isaa fi miilla isaa hidhaatii, dukkana isa alaatti darbadhaa! Achitti namoonni in boo’u ilkaanis in qaru’ jedhe. **Warri waamaman baay’ee dha, warri fo’aman garuu muraasa**’ jedhee dubbii isaa xumure.”

Akkuma asitti arginutti **keessumoonni waamamanii turan garuu dhufuu didan**. Namni tokko **uffata cidhaa** waan hin uffatniif yommuu achi keessaa gadi darbatamu ni argina. Uffatni cidhaa Mul’ata Yohaannis 19:8 keessatti kan ibsame dha “**Uffata quncee talbaa irraa hojjetame, calaqqisaa fi qullaa’aa** uffachuun isheedhaa kennameera jedhe; uffanni quncee talbaa

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

sunis **hojii warra Waaqayyoof qulqullaa'anii isa qajeelaa** dha."

DUBARTOOTA LAMA – DHUGAAA FI SOBA

Yeroo fi oddeeffannoo baay'ee dubartoota lameenii irra caalaa argina.

Maatewos 24:3 "Akkuma Yesuus gaara ejersaa gubbaa taa'een, bartoonni gara isaa dhufanii kophaatti, 'nutti himi, kun yoom ta'a? **Mallattoon dhufa keetii**, **kan dhuma barichaas maali?**' jedhan."

Maatewos 24:40-41 "Gaafas **namoonni lama lafa qotiisatti** in argamu, inni tokko in fudhatama inni kaan immoo in dhiifama. **Dubartoonni lama dhagaa daakuu tokkotti in daaku**, **isheen tokko in fudhatamti** isheen kaan immoo **in dhiifamti**."

Isheen tokko ni fudhatamti, isheen kaan immoo ni dhiifamti. **Isheen fudhatamtu waldaa dhugaa ti, isheen dhiifamtu immoo waldaa sobaa ti**.

DUBARTII HEERUMTE

Waldaan Kiristiyaanaa dhugaa misirroo Kristoosi. Dubartittiin kun gara lafa onaa bakka itti **sooramtuu** fi **Waaqayyoon itti eegamtuutti** deemti.

Mul'ata Yohaannis 12:1-2 "Wanti guddaan dinqisiisaan tokko, waaqa keessatti in argame; **dubartiin** biiftuu uffattee, ji'a miilla jala kaa'atte, gonfoo urjootaa kudhalama mataa ishee irraa qabdu tokko in mul'atte. Isheen ulfa turte; **ciniinsuu da'umsaatiinis dhiphattee in iyyite**."

Mul'ata Yohaannis 12:5-6 "**Isheen ilma saba hundumaa** siiqqee sibiilaatiin tiksuuf jedhu in deesse; ilmi ishee garuu gara Waaqayyootti, gara teessoo isaatti ol in butame. **Dubartittiin immoo lafa onaatti in baqatte; achitti iddoo Waaqayyo akka isheen guyyaa kuma tokkoo fi dhibba lama fi jaatamaaf,**

Caaffatni qulqulla'oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

waan ittiin jiraattu argattuuf qopheesseef, qabdi turte.” Ishiin sababii **mucaa woliin** taateef, misirroo Gooftaa Yesuus Kiristoos ishee dhugaa,ishee **heerumteedha**.

Mul’ata Yohaannis 12:14 “**Dubartittiin** garuu boficha duraa **gara lafa onaa, iddoo itti baatii sadii fi walakkaadhaaf waan ittiin jiraattu argattu sanatti, akka balaliituuf** baalleen joobira guddichaa lama in kennamaniif.”

Weedduu Weedduu Caalu 6:8-10 “Mootuuwwan jaatamni saajjatoonni saddeettamni, durboonni lakkoobsi isaanii dhuma hin qabne yoo jiraatan illee, **gugeen koo isheen mudaa hin qabne, isheen haadha isheetiif tokkittii, isheen deessee ishee marartu, anaaf tokkittii koo ti**; durboonni ishee arganii ‘Eebbifamtuu’ jedhaniin; mootuuwwaanii fi saajjatoonni ishee in jajan’ jedhe. **‘Isheen akka boruu ganama ol baatuu, akka ji’aa miidhagdu, akka aduu iftu, akka loltoota faajjii baatanii nama soddaachiftu, kun eenyu?**’ jedhan.”

Weedduu Weedduu Caalu 8:5 “Hiriyoonni ishee, **‘Isheen lafa onaa keessa michuu ishee harka qabattee ol baatu** kun eenyu?’ jedhan. Inni, ‘Ani muka hudhaa jalaan si kaase, iddoon sun immoo lafa itti haati kee si ciniinsifatte, lafa isheen itti si deesses turte.” **Dubartiin kun akkuma durbartii lafa onaatii dhuftu** Mul’ata Yohaannis 12 keessaa sana.

Waa’een **misirrottii**, Isaayaasiin Isaayaas 66:7-8 keessattis raajii himee ture “**Dubartiin utuu hin ciniinsifatin, utuu dhukkubbiin** itti hin dhaga’aminis **ilma in deessii**? Namni wanta akkasii dhaga’ee beeku, wanta akkasii argee beekus jiraa? Lafti, miixuu guyyaa tokkootiin, saba tokko si’a tokkotti of keessaa in baaftii ree? Xiyoon garuu akkuma miixatteen **ilmaan** in deesse.”

Waldaan Kiristiyaanaa dhugaa fi kan sobaa jiru; lameenu kan guutummaan mul’atan immoo **dhumarraatti**.

Qaama waldaa isaa dhugaa akka taa’uu dandeessaniif, gooftaa beekudhaaf gara fuulduraatti haa hiixannu.

Jim Walkarii tiin
Kan Afaan Oromotti hiike Zaman Indaalee

Caaffatni qulqulla’oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay’famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com

(Australia)
(Tajaajila Sagalee Dhugaa-Finfinnee Itoophiyaa)

Caaffatni qulqulla'oon martinuu kitaaba qulqulluu hiika haaraa irraa waraabaman

Migiiwaraabbii © 2002-2009 REVIVAL FROM DOWN UNDER INC akkasumas JIM fi DEBRA WALKER MINISTRIES INC
Dhimma daldalaatiif barreeffamni, suurri fi fakkiin kam iyyuu waraabamuu ykn baay'famuun hin heyyamamu.
Post Office Box 2224, Rowville, Victoria, Australia 3178 www.rfdu.com